

Waggaa 30^{ffaa} Lak.6/2014
 30^{ff} ዓመት ቁጥር6/2014
 30th year No.6/2021



Finfinnee,.....Fulbaana 15 Bara 2014
 ፊንፊኔ፣መስከረም 15 ቀን 2014 ዓ.ም
 Finfine,.....September 25, 2021

MAGALATA OROMIYAA

L μ E ρ % Z Më ;

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo Qarshii 10 የአኒቂ " ብ ብር 10 Unit Price Birr 10	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe 1%ZMë; ብሔራዊ (EGF" i L ኃ R r በጨፌ ኦሮሚያ ግንባታ ድጋግ	Lak. S. Poostaa 21383-1000 የፌ.ዲ.ሪ.ዓ.ባ.ሃ21383-1000 P.O.Box 21383-1000
---	--	---

<p align="center">QABIYYEE Labsii Lak. 241/2014</p> <p>Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lakk. 201/2009 Fooyyeessuuf Bahe, Lakkoofsa 241/2014Fuula 1</p>	<p align="center">ማውጫ አዋጅ ቁጥር 241/2014</p> <p>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የጨፌ አባላት አደረጃጀት፣ አሠራር፣ ሥነ-ምግባርና የስብሰባ ሥነ- ሥርዓትን እንደገና ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 201/2009 ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር 241/2014ገጽ 1</p>	<p align="center">CONTENT Proclamation No. 241/2021</p> <p>Proclamation No. 241/2021, A Proclamation Amended to Redefine the Organization, Duty, Conduct of the Members and Meeting Procedures of the 'Caffee' of the Regional State of Oromia, No.201/2017</p>
---	--	---

Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lakk. 201/2009 Fooyyeessuuf Bahe, Lakkoofsa 241/2014

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የጨፌ አባላት አደረጃጀት፣ አሠራር፣ ሥነ-ምግባርና የስብሰባ ሥነ- ሥርዓትን እንደገና ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 201/2009 ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር 241/2014

Proclamation No. 241/2021, A Proclamation Amended to Redefine the Organization, Duty, Conduct of the Members and Meeting Procedures of the 'Caffee' of the Regional State of Oromia, No.201/2017

Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo fi hojii Heeraa fi ummataan itti kenname gahumsaan bahachuu kan isa dandeessisu gurmaa'ina isaa qaamolee fi manneen hojii mootummaa hordofuu fi to'atu waliin walsimsiisuuf, akkasumas gurmaa'inaa fi hojimaata Koreewwan Dhaabbii irra deebiidhaan fooyyeessuun saffinaa fi bu'a qabeessummaa raawwii hojii Caffeeitiif barbaachisaa ta'ee waan argameef;

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ጨፌ በህገ-መንግስቱና ሕዝቡ የተሰጠውን ኃላፊነት በብቃት እንዲወጣው የሚያስችለውን አደረጃጀት ክትትልና ቁጥጥር ከሚያደርግባቸው አካላት እና የመንግስት መስሪያ ቤቶች ጋር ለማጣጣም፤ እንዲሁም ቀልጣፋና ውጤታማ የሥራ አፈፃፀም እንዲኖር የቋሚ ኮሚቴዎች አደረጃጀትና አሠራርን እንደገና ማሻሻል ለጨፌው ስራ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

WHEREAS, it has become necessary to 'Caffee' of the Regional State of Oromia, to discharge its power and duty given to it by the Constitution and the people efficiently, it is necessary to have an organizational structure that is compatible with other government organs that it oversees; as well as reorganizing the standing committees organization and procedure to ensure efficient and effective performance for the duty of the Caffee;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakk. 46/1994 Keewwata 49 Keewwata Xiqqaa 3 (a) fi Keewwata 52 Keewwata Xiqqaa 3tiin kan kanatti aanu labsameera.

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun “Fooyya’iinsa Labsii Gurmaa’ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakk. 241/2014” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Fooyya’iinsa

Labsiin Gurmaa’ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 201/2009 akka armaan gadiitti fooyya’ee jira:

- 1) Keewwata 4 Keewwata Xiqqaa 4(g)tti aanee Keewwanni Xiqqaan 4(h) haaraa armaan gadii dabalamee jira:
- 4(h)’ Gurmaa’insa Miseensota Caffee Sadaraka Naannoo Filannoo kan qabaatu ta’a.
- 2) Keewwata 16 Keewwanni Xiqqaan 3 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu’ee jira:
- 16(3)’ Wixineen baajatichaa erga Waajjira Caffee gahee booda guyyaa fi yeroo Afyaa’iin ramaduun Hoogganaan Biiroo Maallaqaa wixinicharratti Koree Qindeessituutiif ibsa ni kenna; wixinee dhiyaate irrattis mariin waliigalaa ni taasifamaa.
- 3) Keewwata 27 Keewwanni Xiqqaan 3 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu’ee jira:
- 27(3)’ Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame yoo jiraatellee, Koreen Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaa, Seeraa fi Misooma Namaa qabiyyee wixinee seeraa kamiyyuu qorachuuf dirqama qaba.

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ሀገ-መንግስት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 ንዑስ አንቀጽ 3 (ሀ) እና አንቀጽ 52 ንዑስ አንቀጽ 3 መሠረት የሚከተለው ታውጏል።

1) አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “በኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የጨፌ አደረጃጀት፣ አሠራር፣ የአባላት ሥነ-ምግባርና የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት ማሻሻያ አዋጅ ቁጥር 241/2014” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

2. ማሻሻያ

የጨፌ ኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት አደረጃጀት፣ አሠራር፣ የአባላት ሥነ-ምግባር እና የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት አዋጅ ቁጥር 201/2009 ከዚህ በታች እንደሚከተለው ተሻሻሏል፡

- 1) ከአንቀጽ 4 ንዑስ አንቀጽ 4 (ሰ) ቀጥሎ ንዑስ አንቀጽ 4 (ሸ) አዲስ እንደሚከተለው ተጨምሯል፡
- 4(ሸ)’ የጨፌ አባላት አደረጃጀት በምርጫ ክልል ደረጃ የሚኖረው ይሆናል።
- 2) አንቀጽ 16 ንዑስ አንቀጽ 3 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
- 16(3)’የበጀቱ ረቂቅ ጨፌ ጽ/ቤት ከደረሰ በኋላ አፈ-ጉባኤው በሚመድበው ቀንና ጊዜ የገንዘብ ቢሮ ኃላፊ በቀረበው የበጀት ረቂቅ ላይ ለአስተባባሪ ኮሚቴ መግለጫ ይሰጣል፤ በቀረበው ረቂቅ ላይም አጠቃላይ ውይይት ይደረግበታል።
- 3) አንቀጽ 27 ንዑስ አንቀጽ 3 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
- 27(3)’ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው ቢኖርም የአስተዳደር፣ ህግ እና የሰው ሀብት ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ የትኛውንም ረቂቅ ህግ ለመመርመር ግዴታ አለበት።

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 sub article 3 (a) and Article 52 sub article 3 of the Revised Constitution of the Regional State of Oromia, Proclamation No.46/1994. It is here by proclaimed as follows.

1. Short Title

This proclamation may be cited as “Proclamation No. 241/2021 A Proclamation to Amend the Organization, Duty, Conduct of Members and Meeting Procedures of the ‘Caffee’ of the Regional State of Oromia”

2. Amendment

Proclamation No. 201/2017 of the Organization, Duty, Conduct of the Members and Meeting Procedures of the ‘Caffee’ of the Regional State of Oromia, has been amended as follows:

- 1) Following Article 4 sub article 4(g), Sub article 4(h) new article is added:
- 4(h)’The Members of ‘Caffee’ shall have organization at constituency level.
- 2) Article 16 sub article 3 is repealed and replaced as follows:
- 16(3)’ After the draft budget reached the Secretariat of Caffee, the Head of the Finance Bureau shall make a statement to the Coordinating Committee on the date and time to be assigned by the Speaker; and general discussion will be held on the draft.
- 3) Article 27 sub article 3 is repealed and replaced as follows:
- 27(3)’ Notwithstanding the provisions of sub-article 2 of this Article, the Standing Committee of Administration, Law and Human Resource Development shall be obliged to examine any draft law.

4) Keewwata 44 Keewwanni Xiqqaan 1 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
 44(1)' Caffeen Koreewwan Dhaabbii armaan gadii ni qabaata:
 (a) Koree Dhaabbii Dhimma Bulchinsaa, Seeraa fi Misooma Namaa;
 (b) Koree Dhaabbii Dhimma Misooma Baadiyyaa;
 (c) Koree Dhaabbii Dhimma Misooma Magaalaa;
 (d) Koree Dhaabbii Dhimma Baajataa fi To'annoo Horotaalee Mootummaa;
 (e) Koree Dhaabbii Dhimma Dubar-tootaa fi Hawaasummaa.
 5) Keewwata 44 Keewwanni Xiqqaan 3 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
 44(3)' Tokkoon tokkoo Koree Dhaabbii Caffee Dura Taa'aa fi Itti Aanaa Dura Taa'aa dabalatee Afyaa'iidhaan dhiyaatanii Caffeedhaan kan filataman miseensota 5 yookiin 7 ni qabata. Baay'inni miseensotaa bal'ina hojii fi baay'ina manneen hojii hordofanii fi to'atan irratti kan hundaa'u ta'a.
 6) Keewwata 44 Keewwanni Xiqqaan 4 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
 44(4)' Tokkoon tokkoo Koree Dhaabbii Caffee Dura Taa'aa dabalatee Itti Aanaa Dura Taa'aa Koree Dhaabbii akka barbaachisummaa isaatti 1 hanga 2 dhaabbiiidhaan Waajjira galanii akka hojjetan taasisuun ni danda'ama. Haalli raawwii isaa Qajeelfama Koreen Mari'achiiftuu Dhim-moota Caffee baasuun kan murtaa'u ta'a.
 7) Keewwata 44 Keewwanni Xiqqaan 9 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
 44(9)' Tokkoo tokkoon Koree Dhaabbii ogeessota dandeettii fi beekumsa gahaa qabaniin deeggarsi ogummaa kan taasifamuuf ta'a.

4) አንቀጽ 44 ንዑስ አንቀጽ 1 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
 44(1)' ጨፌ የሚከተሉት ቋሚ ኮሚቴዎች ይኖሩታል፡፡
 (ሀ) የአስተዳደር፣ ህግ እና የሰው ሀብት ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ፤
 (ለ) የገጠር ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ፤
 (ሐ) የከተማ ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ፤
 (መ) የመንግስት በጀት እና ሀብት ቁጥጥር ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ፤
 (ሠ) የሴቶችና ማህበራዊ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ፡፡
 5) አንቀጽ 44 ንዑስ አንቀጽ 3 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
 44(3)' እያንዳንዱ የጨፌ ቋሚ ኮሚቴ ሰብሳቢ እና ምክትል ሰብሳቢን ጨምሮ በአፈ-ገባኤው ቀርበው በጨፌ የሚመረጡ 5 ወይም 7 አባላት ይኖሩታል፡፡ የአባላቱ ብዛት ደግሞ እንደየስራቸው ብዛት እና ስፋት በሚከተሉትና በሚቆጣጠሩት የመስሪያ ቤቶች ብዛት ሁኔታን መሠረት በማድረግ ይሆናል፡፡
 6) አንቀጽ 44 ንዑስ አንቀጽ 4 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
 44(4)' እያንዳንዱ የጨፌ ቋሚ ኮሚቴ ሰብሳቢን ጨምሮ የቋሚ ኮሚቴ ምክትል ሰብሳቢን እንደ አስፈላጊነታቸው ከ 1 እስከ 2 በቋሚነት ጽ/ቤት ገብተው እንዲሰሩ ማድረግ ይቻላል፡፡ አፈፃፀሙ የጨፌ ጉዳዮች አማካሪ ኮሚቴ በሚያወጣው መመሪያ መሠረት የሚወሰን ይሆናል፡፡
 7) አንቀጽ 44 ንዑስ አንቀጽ 9 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
 44(9)' እያንዳንዱ ቋሚ ኮሚቴ ብቃት እና በቂ ችሎታ ባላቸው ባለሙያዎች ድጋፍ የሚደረግላቸው ይሆናል፡፡

4) Article 44 sub article 1 is repealed and replaced by the following:
 44(1)' The 'Caffee' shall have the following Standing committees:
 (a) Administrative, Legal and Human Development Affairs Standing Committee;
 (b) Rural Development Affairs Standing Committee;
 (c) Urban Development Affairs Standing Committee;
 (d) Public Budget and Asset Controlling Affairs Standing Committee;
 (e) Women and Social Affairs Standing Committee.
 5) Article 44 sub article 3 is repealed and replaced by the following:
 44(3)' Each Standing Committee of the 'Caffee' including the Chairperson and the Deputy Chairperson, presented by the Speaker and nominated by the 'Caffee' shall have 5 or 7 Members. Number of the Members shall be depends upon their duties and numbers of the sectors they follow up and control.
 6) Article 44 sub article 4 is repealed and replaced as follows.
 44(4)' Each Standing Committee of the 'Caffee' including the Chairperson, if it is necessary it is possible to make 1 to 2 Deputy Standing Committees to work permanently in office. Its implementation shall be determined by the directive to be issued by the 'Caffee' Affairs Advisory Committee.
 7) Article 44 sub article 9 is repealed and replaced as follows:
 44(9)' Each Standing Committee will be supported by qualified and competent professionals.

- 8) Mata dureen Keewwata 50 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 50.' Koree Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaa, Seeraa fi Misooma Namaa
- 9) Keewwata 50 Keewwanni Xiqqaan 1 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 50(1)' Kaayyoon bu'uuraa Koree Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaa, Seeraa fi Misooma Namaa hojimaanni qaamolee haqaa fi bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Heera, imaammattoota, tarsiimoolee, sagantaalee, seerootaa fi karoorawwan bu'uura godhachuudhaan kan gurmaa'anii fi kan raawwataman ta'uu mirkaneeffachuu; akkasumas imaammattoonni, tarsiimoolee fi seeronni gurmaa'insaa, hojimaataa fi misooma qabeenya namaa ilaalchisee bahan, riifoormiiwanii fi ilaalchi misoomawaan hooggansaa fi paabiliik sarviisii keessatti bakka olaanaa qabachuun bulchiinsi gaariin dagaagee amantaan ummanni mootummaa irratti qabu guddachaa deemuu isaa mirkaneeffachuudha.
- 10) Keewwata 50 Keewwata Xiqqaa 2 (i)tti aanee Keewwattoonni haaraa armaan gadii dabalamanii jiru:
 - (j) Hojiin dandeettii raawwachiisummaa naannicha keessatti gaggeeffamaa jiraachuu isaa;
 - (k) Misooma ariifachiisaa fiduuf, bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf, aadaan dimokraasii hawaasa keessatti akka dagaagu taasisuuf, humna namaa gahumsaan, qulqullinaan, amanamummaa fi kutannoodhaan hojjechuu danda'u yeroo gabaabaa keessatti baay'inaan horachuuf sochiin taasifamaa jiraachuu isaa;
 - (l) Imaammattoota, tarsiimoolee, sagantaalee, seerootaa fi karoorawwan ijaarsa dandeettii haala barbaadameen hojiirra oolaa jiraachuu isaanii;

- 8) የአንቀጽ 50 ርዕስ ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
- 50.' የአስተዳደር፣ ህግ እና የሰው ሀብት ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ
- 9) አንቀጽ 50 ንዑስ አንቀጽ 1 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡፡
- 50(1)'የአስተዳደር፣ ህግና ሰው ሀብት ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ መሠረታዊ ዓላማ የክልሉ መንግስት፣ አስተዳደር እና የፍትህ አካላት አሠራር በህገ-መንግስቱ፣ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ ኘሮግራሞች፣ ህጎች እና ዕቅዶችን መሠረት በማድረግ የተደራጁ እና የተፈፀሙ ስለመሆናቸው ማረጋገጥ፤ እንዲሁም የሰው ሀብት ልማትን አስመልክቶ የወጡ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ የአደረጃጀትና አሠራር ህጎች፣ ሪፎርሞች በአመራር እና ፕብሊክ ሰርቪስ ውስጥ የልማት አመለካከት ከፍተኛ ቦታ በመያዝ መልካም አስተዳደር ሰፍኖ ህዝቡ በመንግስት ላይ ያለውን አመኔታ እየጨመረ መሄዱን ማረጋገጥ ነው፡፡
- 10) አንቀጽ 50 ንዑስ አንቀጽ 2 (ቀ)ን ተከትለው አዳዲስ አንቀጾች እንደሚከተለው ተጨምሯል፡
 - (በ) በክልሉ ውስጥ የአፈጻጸም ብቃት ስራዎች እየተከናወኑ ስለመሆናቸው፤
 - (ተ) ፈጣን ልማት ለማረጋገጥ፣ መልካም አስተዳደርን እውን ለማድረግ፣ በማህበረሰቡ ውስጥ ዲሞክራሲያዊ ባህል እንዲጎለብት፣ የሰው ሐይልን በብቃት፣ በጥራት፣ በታማኝነትና ቆራጥነት ሊሰራ የሚችል በአጭር ጊዜ ውስጥ በብዛት ለማፍራት እንቅስቃሴ ስለመኖሩ፤
 - (ፑ) ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ ኘሮግራሞች፣ ህጎች እና የአቅም ግንባታ ዕቅዶች በተገቢ መንገድ ስራ እየዋሉ ስለመሆናቸው፤

- 8) The title of Article 50 is repealed and replaced as follows:
- 50.' The Administrative, Legal and Human Development Affairs Standing Committee
- 9) Article 50 sub article 1 is repealed and replaced as follows.
- 50 (1)' The main objectives of the Administrative, Legal and Human Development Affairs Standing Committee shall be ensuring that the regional administrative government and justice Sector are organized and implementing according to the Constitution, Policies, Strategies, Programs, Laws and Plan; and as also ensuring that the policies, strategies, laws, of organization and duty, reforms and Developmental Perspectives in Leadership and Public Service increase to prevail good governance and it ensures that the people have confidence in the government.
- 10) Following Article 50 sub article 2 (i), new Articles are added as follows:
 - (j) Making sure that the performance of execution capacity in the region.
 - (k) To ensure rapid development, good governance, to develop a democratic culture in the community; ensuring efficient, quality, integrity and determination in human power and work with in the short term and large-scale production;
 - (l) Making sure that the policies, strategies, programs, Laws and capacity building plans are implemented effectively.

- (m) Dandeettii karoorsuu fi raaw-wachiisuu manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa ijaaruuf sochiin taasifamaa jiru hojiirra ooluu isaa;
 - (n) Horataaleen mootummaa hojiif ramadaman seeraa fi sirna diriiree bu'uura godhatanii kaayyoo yaadameef ooluu isaanii fi bu'aa argannoowwan odiitii keessaa fi alaa dhiyaatan irratti qaamni yookiin hoogganaan dhimmi ilaallatu tarkaanfii fudhachuu isaa;
 - (o) Hojiwwan misooma bu'uuraa yookiin pirojeektootaa seektaroota Korichaan hordofamaniin raawwataman karaa saffisa, gahumsa, dinagdummaa fi bu'aa qaabeessa ta'een raawwtamaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; yaada furmaataa ni dhiyeessa.
- 11) Keewwata 50 Keewwanni Xiqqaan 4 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 50(4)' Korichi karoora fi raawwii hojii qaamolee armaan gadii ni hordofa; ni to'ata; ni qorata:
- (a) Waajjira Pirezidaantii;
 - (b) Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa;
 - (c) Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa;
 - (d) Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa;
 - (e) Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa;
 - (f) Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa;
 - (g) Komishinii Manneen Sirreessaa;
 - (h) Komishinii Poolisii;
 - (i) Abbaa Taayitaa Saayinsii fi Teeknoloojii;
 - (j) Ejensii Galmeessa Siiviilii;
 - (k) Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa;
 - (l) Koolleejjii Poolisii Oromiyaa;
 - (m) Instiitiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa;
 - (n) Waajjira Milishaa.

- (ገ) የመንግስት መ/ቤቶችና የግል ድርጅቶችን የማቀድና እና የማስፈጸም አቅም ለማጎልበት እየተካሄደ ያለው እንቅስቃሴ ስራ ላይ መዋሉን፤
 - (ኀ) ለስራ የተመደቡ የመንግስት ንብረቶች ህግንና የተዘረጉ አሠራሮችን መሠረት አድርገው ለታሰበው ዓለማ መዋላቸውን እና በቀረቡ የውስጥ እና ውጪ ኦዲት ግኝት ላይ የሚመለከተው አካል ወይም ኃላፊ እርምጃ ስለመወሰዱ፤
 - (ኘ) መሠረታዊ ልማቶች ወይም በኮሚቴው ክትትል የሚደረግባቸው የሴክተር ፕሮጀክቶች ፈጣን፣ ብቃት፣ ኢኮኖሚያዊ እና ትርፋማ በሆነ መንገድ እየተከናወኑ ስለመሆኑ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የመፍትሔ ሀሳብ ያቀርባል።
- 11) አንቀጽ 50 ንዑስ አንቀጽ 4 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል:
- 50(4)'ኮሚቴው የሚከተሉትን አካላት ዕቅድ እና የስራ አፈፃፀም ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ይመረምራል።
- (ሀ) ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት፤
 - (ለ) የኦሮሚያ ጠቅላይ ፍርድ ቤት፤
 - (ሐ) የጠቅላይ ዕቃቤ ህግ ቤት፤
 - (መ) የአስተዳደርና ፀጥታ ቤት፤
 - (ሠ) የፕብሊክ ስርቪስና የሰው ሀብት ልማት ቤት፤
 - (ረ) የሥነ-ምግባር እና ፀረ- መስና ኮሚሽን፤
 - (ሰ) ማረሚያ ቤቶች ኮሚሽን፤
 - (ሸ) ፖሊስ ኮሚሽን፤
 - (ቀ) ሳይንስ እና ቴክኖሎጂ ባለ ሥልጣን፤
 - (በ) ወሳኝ ኩነት ምዝገባ ኤጀንሲ፤
 - (ተ) ኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ፤
 - (ቸ) ኦሮሚያ ፖሊስ ኮሌጅ፤
 - (ኘ) የሕግ ምርምርና ስልጠና ኢንስቲትዩት፤
 - (ኘ) ምሊሻ ጽ/ቤት

- (m) Ensuring that the movements of public and private organization capacity building, so as to plan to execute.
 - (n) Ensuring whether public assets allocated to government duty shall take in accordance with the law and procedures; measures may take on the findings of internal and external audit by the appropriate organs.
 - (o) Follow up, control and bring recommendations on the implementation of basic developments or sector projects overseen by the committee in a fast, efficient, economical and profitable manner .
- 11) Article 50 sub article 4 is repealed and replaced as follows:
- 50 (4)' The Committees shall follow up, control and investigate the following bodies work plan and report.
- (a) Office of the President;
 - (b) Supreme Court Of Oromia Regional State;
 - (c) The Attorney General Bureau;
 - (d) Administration and Security Bureau;
 - (e) Public Service and Human Resource Development Bureau;
 - (f) Ethics and Anti-Corruption Commission;
 - (g) Prison Commission;
 - (h) Police Commission;
 - (i) Science and Technology Authority;
 - (j) Social Registration Agency;
 - (k) Oromia State University;
 - (l) Oromia Police College;
 - (m) Training and Legal Research Institute;
 - (n) Office of the Milisha.

- 12) Keewwata 51 Keewwanni Xiqqaan 1 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 51(1)' Kaayyoon bu'uuraa Koree Dhaabbii Dhimma Misooma Baadiyyaa imaamattoonni, tarsiimoolee, seeronni, sagantalee fi karoorawwan qonnaa fi misooma qabeenya uumamaa, qabeenya bishaanii, daandii fi albuuda giddu galeessa godhachuudhaan guddina ariifachiisaa fiduuf bahan akkaataa barbaadamuun haqummaa eegatanii raawwatamaa jiraachuu fi fayyadamummaan ummataa mirkanaa'uu isaa hordofuu fi to'achuudha.
- 13) Keewwata 51 Keewwata Xiqqaa 2 (c)tti aanee Keewwattoonni haaraa armaan gadii dabalanii jiru:
- (d) Qabeenyi bishaanii, inarjii fi albuudaa sirnaan buluudhaan ummata fayyadamaa taasisaa jiraachuu isaanii;
- (e) Horataaleen mootummaa hojiif ramadaman seeraa fi sirna diriiree bu'uura godhatanii kaayyoo yaadameef ooluu isaanii fi bu'aa argannoowwan odiitii keessaa fi alaa dhiyaatan irratti qaamni yookiin hoogganaan dhimmi ilaallatu tarkaanfii fudhachuu isaa;
- (f) Hojiiwwan misooma bu'uuraa yookiin pirojeektootaa seektaroota korichaan hordofamaniin raawwataman karaa saffisa, gahumsa, dinagdummaa fi bu'aa qabeessa ta'een raawwtamaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; yaada furmaataa ni dhiyeessa.
- 14) Keewwata 51 Keewwanni Xiqqaan 5 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 51(5)' Korichi karoora fi raawwii hojii qaamolee armaan gadii ni hordofa; ni to'ata; ni qorata:

- 12) አንቀጽ 51 ንዑስ አንቀጽ 1 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
- 51(1)' የገጠር ልማት ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ መሠረታዊ ዓላማ ግብርና እና የገጠር ልማትን አስመልክቶ የወጡ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ ፕሮግራሞች እና ዕቅዶች ግብርና እና የተፈጥሮ ሀብት ልማት፣ የውሃ ሀብት፣ መንገድ እና ማዕድንን ማዕከል በማድረግ ፈጣን ዕድገት ለማምጣት በሚፈለገው ሁኔታ ሀቀኝነትን ጠብቆ እየተፈጸሙና የህዝብ ተጠቃሚነት መረጋገጡን መከታተልና መቆጣጠር ነው።
- 13) አንቀጽ 51 ንዑስ አንቀጽ 2 (ሐ) ቀጥሎ የሚከተሉት አዳዲስ አንቀጾች ተጨምሯል፡
- (መ) የውሃ ሀብት፣ ኢነርጂ እና ማዕድን ሀብት ለሰብስቦ በሥነ-ሥርዓት ተጠቃሚ እያደረገ መሆኑን፤
- (ሠ) ለሥራ የተመደቡ የመንግስት ሐብቶች ሕግና የተዘረጋውን ሥርዓት ማዕከል አድርጎ ለታሰቡት አላማ መዋላቸውን፤ በውስጥ እና በውጪ ኮሚቴ ግኝት ውጤት ላይ ጉዳዩ የሚመለከተው ኃላፊ እርምጃ ስለመውሰዱ፤
- (ረ) ኮሚቴው ክትትል በሚያደርግባቸው ሴክተሮች የሚከተሉት መሠረታዊ የልማት ሥራዎች ወይም ፕሮጀክቶች በፍጥነት፣ በብቃት፣ ኢኮኖሚያዊ እና ውጤታማ በሆነ መንገድ እየተፈጸሙ መሆኑን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣ የመፍትሄ ሐሳብ ያቀርባል።
- 14) አንቀጽ 51 ንዑስ አንቀጽ 5 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡
- 51(5)'ኮሚቴው የሚከተሉትን አካላት የሥራ እቅድና ክንውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣ ይመረምራል።

- 12) Sub article 1 of Article 51 repealed and replaced by the following
- 51(1)' The main objective of the Rural Development Affairs Standing Committee is to monitor the implementation of policies, strategies, programs and plans regarding agriculture and rural development, with a focus on agriculture and natural resource development, water resources, roads and minerals; ensuring that it keeps the beneficiaries of the community.
- 13) Next to sub article 2(c) of Article 51, new articles are added as follows
- (d) Ensuring water resource, energy and Mineral are making benefit the people.
- (e) Ensuring government assets are well implemented according to the laws and procedures and taking measurement against the internal and external audit result by the concerned leader.
- (f) Follow up, control and give recommendation on basic development activities or projects done by sectors followed by that committee that they are performed in a speed, competent, economical and efficient manner.
- 14) Sub article 5 of Article 51 is repealed and replaced by the following.
- 51(5)'The committee follow up, control, and evaluates the work plan and performance of the following bodies.

- (a) Biiroo Qonnaa;
- (b) Biiroo Bishaanii fi Inarjii;
- (c) Biiroo Lafaa;
- (d) Biiroo Daandii fi Loojastiksii;
- (e) Biiroo Misooma Jallisii fi Horsiiisee Bulaa;
- (f) Komishinii Hooggansa Sodaa Balaa fi Kaafamtoota Misoomaa;
- (g) Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwanii fi Oomisha Qonnaa;
- (h) Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo;
- (i) Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa;
- (j) Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa;
- (k) Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa.
- 15) Keewwata 52 Keewwata Xiqqaa 2 (f)tti aanee Keewwattoonni haaraa armaan gadii dabalamanii jiru:
- (g) Imaammattoota, tarsiimoolee fi seeronni dizaayinii fi ijaarsaa pirojeektoota adda addaa ilaalchisee bahan hojiirra oolaa jiraachuu isaanii;
- (h) Hojiileen tajaajila geejjibaa bu'uura imaammataa, tarsiimoo fi seeraatiin qajeelfamanii hojiirra oolaa jiraachuu isaanii;
- (i) Horataaleen mootummaa hojiif ramadaman seeraa fi sirna diriiree bu'uura godhatanii kaayyoo yaadameef ooluu isaanii fi bu'aa argannoowwan odiitii keessaa fi alaa dhiyaatan irratti qaamni yookiin hoogganaan dhimmi ilaallatu tarkaanfii fudhachuu isaa;
- (j) Hojiiwwan misooma bu'uuraa yookiin pirojeektootaa seektaroota Korichaan hordofamaniin raawwataman karaa saffisa, gahumsa, dinagdummaa fi bu'aa qabeessa ta'een raawwtamaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; yaada furmaataa ni dhiyeessa.

- (ሀ) ግብርና ቢሮ፤
- (ለ) ውሃና ኢነርጂ ቢሮ፤
- (ሐ) መሬት ቢሮ፤
- (መ) መንገድና ሎጂስቲክ ቢሮ፤
- (ሠ) መስኖ ልማትና የአርብቶ አደር ቢሮ፤
- (ረ) አደጋ ሥጋት አመራርና የልማት ተነሿዎች ኮሚሽን፤
- (ሰ) የግብርና ግብዓቶችና ምርት ቁጥጥር ባለ ሥልጣን፤
- (ሸ) አካባቢ ጥበቃ ባለ ሥልጣን፤
- (ቀ) ማዕድን ልማት ባለ ሥልጣን፤
- (በ) ኅብረት ሥራ ማኅበራት ማስፋፊያ ኤጀንሲ፤
- (ተ) ግብርና ምርምር ኢንስቲትዩት
- 15) ከአንቀጽ 52 ንዑስ አንቀጽ 2 (ረ) ቀጥሎ የሚከተሉት አዳዲስ አንቀጾች ተጨምሯል፡
- (ሰ) የተለያዩ ፕሮጀክቶች ግንባታ እና ዲዛይንን አስመልክቶ የወጡ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎችና ህጎች ሥራ ላይ እየዋሉ ስለ መሆናቸው፤
- (ሸ) የትራንስፖርት አገልግሎት ሥራዎች ባለው ፖሊሲ፣ ስትራቴጂና ህግ መሠረት ሥራ ላይ መዋሉን፤
- (ቀ) ለሥራ የተመደቡ የመንግስት ሐብቶች ሕግና የተዘረጋውን ሥርዓት ማዕከል አድርጎ ለታሰቡት አላማ መዋላቸውን፣ በውስጥ እና በውጪ ኦዲት ግኝት ውጤት ላይ ጉዳዩ የሚመለከተው ኃላፊ እርምጃ ስለመውሰዱ፤
- (በ) ኮሚቴው ክትትል በሚያደርግባቸው ሴክተሮች የሚከተሉ መሠረታዊ የልማት ሥራዎች ወይም ፕሮጀክቶች በፍጥነት፣ በብቃት፣ ኢኮኖሚያዊ እና ውጤታማ በሆነ መንገድ እየተፈጸመ መሆኑን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የመፍትሄ ሐሳብ ያቀርባል፡፡

- (a) Agricultural Bureau;
- (b) Water and Energy Bureau;
- (c) Land Bureau;
- (d) Road and Logistic Bureau;
- (e) Irrigation Development and Pastoralist Bureau;
- (f) Danger Threat Management and Displaced for Development Commission;
- (g) Agricultural Inputs Regulatory Authority;
- (h) Environmental Protection Authority;
- (i) Mineral Development Authority;
- (j) Cooperative Association Expansion Agency;
- (k) Agricultural Research Institute.
- 15) Next to Sub article 2(f) of Article 52 new articles are added as follows:
- (g) Ensuring the implementation of various policies, strategies and laws regarding the construction and design of various projects;
- (h) Ensuring the transportation service activities are implemented in accordance with the policy, strategy and the laws.
- (i) Ensuring government assets are well implemented according to the laws and procedures and taking measurement against the internal and external audit result by the concerned leader.
- (j) The Committee follow up, control and recommends that basic development projects or projects undertaken in the sectors under its supervision be implemented quickly, efficiently, economically and effectively.

16) Keewwata 52 Keewwanni Xiqqaan 4 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

52(4)' Korichi karooraa fi raawwii hojii qaamolee armaan gadii ni hordofa; ni to'ata; ni qorata:

(a) Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii;

(b) Biiroo Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;

(c) Biiroo Daldalaa;

(d) Biiroo Investimantii fi Industirii;

(e) Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii;

(f) Ejensii Geejjibaa;

(g) Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa;

(h) Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalootaa.

17) Keewwanni 53 haqamee keewattoonni itti aanan walitti siiqanii kan dubbifaman ta'a.

18) Mata dureen Keewwata 53 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

53' Koree Dhaabbii Dhimma Bajataa fi To'annoo Horataalee Mootummaa

19) Keewwata 53 Keewwanni Xiqqaan 1 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

53(1)' Kaayyoon bu'uuraa Koree Dhaabbii Dhimma Bajataa fi To'annoo Horataalee Mootummaa imaammattoota, tarsii-moolee, sagantaalee, seerota fi karoorawwan galii fi baasii Mootummaa ilaalchisee bahan diriirfamuu fi galiin naannichaa sirnaan walitti qabamee eegamuu isaa; baajanni Mootummaan ramadu seeraa fi sirni faayinaansii eegamee tajaajila barbaadame qofaaf ooluu isaa; akkasumas dhaabbileen misoomaa mootummaa kaayyoo fi ergama hundeeffamaniif akka milkeessan hordofuu fi to'achuudha.

16) አንቀጽ 52 ንዑስ አንቀጽ 4 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡

52(4)'ከሚቴው የሚከተሉት አካላትን የሥራ አቅድና ክንውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣ ይመረምራል፡

(ሀ) የከተማና ቤቶች ልማት ቢሮ፣

(ለ) የሥራ ዕድል ፈጠራና ሙያ ቢሮ፣

(ሐ) የንግድ ቢሮ፣

(መ) የኢንቨስትመንትና እንዳስትሪ ቢሮ፣

(ሠ) ኮንስትራክሽን ባለስልጣን፣

(ረ) ትራንስፖርት ኤጀንሲ፣

(ሰ) የሙያ ብቃት ማረጋገጫ ኤጀንሲ፣

(ሸ) የከተሞች ፕላን እንስቲትዩት

17) አንቀጽ 53 ተሰርዞ ቀጥለው ያሉ አንቀጾች ተጠጋግቶ የሚገበቡ ይሆናል

18) የአንቀጽ 53 ርዕስ ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡፡

53' የበጀት እና የመንግስት ንብረት ቁጥጥር ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ

19) አንቀጽ 53 ንዕስ አንቀጽ 1 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፡፡

53(1)'የመንግስት በጀት እና ሀብት ቁጥጥር ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ መሰረታዊ ዓላማው የመንግስት ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ ፕሮግራሞች ፣ ህጎች እና የመንግስት ገቢና ወጪ አቅዶችን አስመልክቶ የወጡ መተግበራቸውን እና የክልሉ ገቢ በተገቢው ሁኔታ መሰብሰቡ እንዲሁም መንግስት የመደበዉ በጀት በህግ እና በፋይናንስ ስርአት ተጠብቆ ለተፈለገው አገልግሎት ብቻ መዋሉን፣ እንዲሁም የመንግስት ልማት ድርጅቶች የተቋቋሙለትን አላማ እና ተልዕኮ እንዲያሳኩ መከታተል እና መቆጣጠር ናቸው፡፡

16) Sub article 4 of Article 52 repealed and replaced by the following:

52(4)' The committee shall follow, control; examine the plan and report of the following organs:

(a) Urban and Housing Development Bureau;

(b) Job Opportunity Creation and Vocational Bureau;

(c) Trade Bureau;

(d) Investment and Industry Bureau;

(e) Construction Authority;

(f) Transport Agency;

(g) Occupational Competency Assurance Agency;

(h) Urban Planning Institute.

17) Article 53 is repealed and the subsequent Articles are hereby rearranged accordingly.

18) The title of Article 53 is repealed and replaced by the following.

53' Budget and Governmental Asset controlling Affairs standing Committee

19) Sub article 1 of Article 53 is repealed and replaced by the following:

53(1)'The main purpose of Public Budget and Asset Controlling Affairs Standing Committee is to ensure that the implementation of government policies, strategies, programs, laws and government revenue and expenditure plans is properly funded by the state and that the budget allocated by the government is used only for legal purposes. They also monitor and supervise the development of public enterprises to achieve their goals and mission.

- 20) Keewwata 53 Keewwata Xiqqaa 2(j)tti aanee Keewwattoonni haaraa armaan gadii dabalamanii jiru:
- (k) Imaammata, tarsiimoo, karoora fi raawwiin hojii dhaabbilee misooma mootummaa kallattii barbaadamuun hojii irra oolannii galmoota kaa'aman galmee-sisuu isaanii;
- (l) Hojiiwwan misooma bu'uuraa yookiin pirojeektootaa seektaroota Korichaan hordofamaniin raawwataman karaa saffisa, gahumsa, dinagdummaa fi bu'aa qabeessa ta'een raawwtamaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; yaada furmaataa ni dhiyeessa.
- 21) Keewwata 53 Keewwanni Xiqqaan 4 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 53(4)' Korichi karoora fi raawwii hojii qaamolee armaan gadii ni hordofa; ni to'ata; ni qorata:
- (a) Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa;
- (b) Biiroo Maallaqaa;
- (c) Biiroo Galiwwanii;
- (d) Komishinii Karoora fi Misoomaa;
- (e) Abbaa Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa;
- (f) Ejensii Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa;
- (g) Mana Hojii Odiitara Muummichaa.
- 22) Mata dureen Keewwata 54 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 54' Koree Dhaabbii Dhimma Dubar-tootaa fi Hawaasummaa
- 23) Keewwata 54 Keewwanni Xiqqaan 1 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:

- 20) ከአንቀጽ 53 ንዑስ አንቀጽ 2 (በ) ቀጥሎ የሚከተሉት አዳዲስ አንቀጾች ተጨምሯል፡
- (ተ) የመንግስት ልማት ድርጅቶች ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ እቅድና የስራ አፈጻጸም በሚፈለገው አቅጣጫ ስራ ላይ ውሎ ለተቀመጠለት ግብ ማስፈጸማቸው፤
- (ቸ) ኮሚቴው ክትትል በሚያደርግባቸው ሴክተሮች የሚከወኑ መሠረታዊ የልማት ስራዎች ወይም ፕሮጀክቶች በፍጥነት፣ በብቃት፣ አኮኖሚያዊ እና ውጤታማ በሆነ መንገድ እየተፈጸመ መሆኑን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የመፍትሄ ሐሳብ ያቀርባል።
- 21) አንቀጽ 53 ንዑስ አንቀጽ 4 ላይ የተደነገገው ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል።
- 53(4)' ኮሚቴው የሚከተሉትን መስሪያ ቤቶች ዕቅድ እና የስራ አፈጻጸም ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ይገመግማል።
- (ሀ) የመንግስት ልማት ድርጅቶች ቢሮ፤
- (ለ) ገንዘብ ቢሮ፤
- (ሐ) ገቢዎች ቢሮ፤
- (መ) ዕቅድ እና ልማት ኮሚሽን፤
- (ሠ) ገዳ ልዩ የአኮኖሚ ሆን ባለ ስልጣን፤
- (ረ) ንብረት ግዥ እና ማስወገድ ኤጀንሲ፤
- (ሰ) ጠቅላይ ኦዲተር መ/ቤት
- 22) የአንቀጽ 54 ርዕስ ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል።
- 54' የሴቶችና ማህበራዊ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ
- 23) አንቀጽ 54 ንዑስ አንቀጽ 1 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል፤

- 20) Next to sub article 2(j) of Article 53, new articles are added as follows:
- (k) Ensuring public enterprizes policies, strategies, plan and work report are implemented as necessary and fulfilling the goal kept.
- (l) Follow up, control and give recommendation on basic development activities or projects done by sectors followed by that committee that they are performed in a speed, competent, economical and efficient manner.
- 21) Article 53 sub article 4 is repealed and replaced as follow:
- 53(4)' The Committee shall follow, control and examine the plan and work report of the following organs:
- (a) Public Enterprize Bureau;
- (b) Finance Bureau;
- (c) Revenue Bureau;
- (d) Plan and Development Commission;
- (e) Geda Special Economic Zone Authority;
- (f) Precurement and property disposal Agency;
- (g) Office of Auditor General
- 22) The title of Article 54 is repealed and replaced as follows:
- 54' Women and Social Affairs Standing Committee
- 23) Article 54 sub article 1 is repealed and replaced as follow:

54(1)'Kaayyoon bu'uuraa Koree Dhaabbii Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa imaammattoonni, tarsiimoolee, seeronnii fi sagantaaleen dhimma misooma hawaasummaa sirnaan hojiirra oolanii hawaasni naannichaa tajaajila kennamaa jiru irraa fayyadamaa ta'uu isaa mirkan-eeffachuu; dubartoonni, daa'immannii fi dargaggoonni mirgoota Heera Mootummaatiin isaaniiif eegame guutummaadhaan fayyadamoo ta'uuf hirmaannaa siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa keessatti gahee ol'aanaa akka qabaataniif haalli isaan dandeessisu uumamuu isaa mirkaneeffachuudha.

24) Keewwata 54 Keewwata Xiqqaa 2(h)tti aanee Keewwattoonni haaraa armaan gadii dabalamanii jiru:

(i) Seeronnii fi barmaatilee miidhaa dubartootaa fi daa'imman irra geessisan akka hafan tarkaanfiin barbaachisaa ta'e fudhatamuu isaa;

(j) Seeronni adda addaa yammuu bahan loogii koornayaa irraa bilisa ta'uu isaanii, mirgootaa fi faayyadamummaa dubartootaa, dargaggootaa fi daa'immanii ilaalcha keessa kan galchan ta'uu isaanii;

(k) Mirgoota dubartootaa, dargaggootaa fi daa'immanii ilaalchisee hojiileen manneen hojii hunda keessatti hojjetamaa jiraachuu fi idilaa'uu isaanii;

(l) Hirmaannaa dubartoonnii fi dargaggoonni gama hundaan hawaasa keessatti qaban tarkaanfiileen ol guddisuu dandeessisan fudhatamaa jiraachuu isaanii;

(m) Humna namaa ispoortii leenjii'ee fi gahumsa qabu horatamuu isaa;

(n) Naannicha keessatti giddugalli dargaggootaa fi iddoon oolmaa ispoortii guutamaa jiraachuu isaa;

54(1)' የሴቶችና ማህበራዊ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ መሠረታዊ ዓላማ ማህበራዊ ጉዳይን የሚመለከቱ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎች፣ ህጎችና ፕሮግራሞች ስራ ላይ በመዋል የክልሉ ማህበረሰብ ከሚሰጠው ግልጋሎት ተጠቃሚ መሆኑን ማረጋገጥ፤ ሴቶች ህጻናትና ወጣቶች በመደራጀት በሕገ መንግስቱ የተከበረላቸውን መብቶች በተሟላ ሁኔታ ተጠቃሚ ለመሆን በፖለቲካ፣ በኢኮኖሚ እና ማህበራዊ እንቅስቃሴዎች ውስጥ ጉልህ ድርሻ እንዲኖራቸው የሚያስችል ሁኔታ መፈጠሩን ማረጋገጥ ነው።

24) ከአንቀፅ 54 ንዑስ አንቀፅ 2(ሸ) ቀጥሎ የሚከተሉት አዳዲስ አንቀጾች ተጨምሯል።

(ቀ) በሴቶች እና ሕፃናት ላይ ጉዳት የሚያደርሱ ሕጎችና ልማዳዊ ድርጊቶች እንዲቀሩ አስፈላጊ የሆኑ እርምጃዎች ስለ መወሰዳቸው፤

(በ) የተለያዩ ሕጎች ሲደነገጉ በየታ ላይ ተመስርተው ከሚፈፀሙ አድሎዎች ነፃ መሆናቸውን፣ የሴቶች፣ ወጣቶችና ሕፃናት መብትና ጥቅም ግንዛቤ ውስጥ ስለማስገባታቸው፤

(ተ) የሴቶች፣ ወጣቶችና ሕፃናት መብቶች አስመልክቶ በሁሉም መሥሪያ ቤቶች ውስጥ ስራ ላይ መዋላቸውና መደበኛ ስለመሆናቸው፤

(ፑ) ሴቶችና ወጣቶች በማህበረሰቡ ውስጥ በሁሉም አቅጣጫ ያላቸውን ተሳትፎ ማሳደግ የሚያስችሉ እርምጃዎች እየተወሰዱ ስለ መሆናቸው፤

(ኘ) በስፖርት የሰለጠነ እና ብቃት ያለው የሰው ኃይል ማፍራቱን፤

(ኙ) በክልሉ ውስጥ የወጣቶች ማዕከል እና የስፖርት ማዘውተሪያ እየተሟላ ስለመሆኑ፤

54(1)' The main objective of Women and Social Affairs Standing Committee is to ensure that the policies, strategies, laws and programs related to social affairs are implemented and that the regional community benefits from the services provided; To ensure that women, children and youth are organized and able to play a significant role in political, economic and social activities in order to fully enjoy their constitutional rights.

24) Next to Article 54 sub article 2(h), the following new Articles are added.

(i) Ensuring that measures are taken to laws and harmful practices that endanger women and children.

(j) Ensure that wether the newly enacted laws consider gender bias; respect the rights of women, youth and children.

(k) Esure that the rights of women, youth and children are applied in all government sectors and make it regular duty.

(l) Ensure the participation of women and youth in all direction; cause measurement is taken to increase their participation.

(m) Ensure a skilled and competent human power in sport.

(n) Ensure that there is youth center and ample sporting place in the region.

- (o) Horataaleen mootummaa hojiiif ramadaman seeraa fi sirna diriiree bu'uura godhatanii kaayyoo yaadameef ooluu isaanii fi bu'aa argannoowwan odiitii keessaa fi alaa dhiyaatan irratti qaamni yookiin hoogganaan dhimmi ilaallatu tarkaanfii fudhachuu isaa;
- (p) Hojiiwwan misooma bu'uuraa yookiin pirojeektootaa seektaroota Korichaan hordofamaniin raawwataman karaa saffisa, gahumsa, dinagdummaa fi bu'aa qabeessa ta'een raawwtamaa jiraachuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; yaada furmaataa ni dhiyeessa.
- 25) Keewwata 54 Keewwanni xiqqaan 4 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 54(4)' Korichi karoora fi raawwii hojii qaamolee armaan gadii ni hordofa; ni to'ata; ni qorata:

 - (a) Biiroo Faayyaa;
 - (b) Biiroo Barnootaa;
 - (c) Biiroo Aadaa fi Turizimii;
 - (d) Biiroo Kominikeeshinii;
 - (e) Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Haawaasummaa;
 - (f) Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii;
 - (g) Biiroo Dargaggoo fi Ispoortii;
 - (h) Komishinii Turizimii;
 - (i) Inistiitiyuutii Qorannoo Oromoo;
 - (j) Oromiyaa Biroodkaastiingii Neetworkii;
 - (k) Giddugala Aadaa Oromoo.

- 26) Keewwattoonni 56 fi 57 haqamanii keewwattoonni itti aanan walitti siiqanii kan dubbifaman ta'a.
- 27) Keewwanni 55 haqamee kan kanatti aanuun bakka bu'ee jira:
- 55' Labsii kana Keewwata 50-54 jalatti kan tumame yoo jiraatellee, haalli hojii isaa kan gaafatu taanaan Koreen kamiyyuu akkaataa raawwii hojii qaama Mootummaa kamiyyuu qorachuu ni danda'a.

- (ገ) ለሥራ የተመደቡ የመንግስት ሐብቶች ሕግና የተዘረጋውን ሥርዓት ማፅከል አድርጎ ለታሰቡት አላማ መዋላቸውን፤ በውስጥ እና በውጪ ኦዲት ግኝት ውጤት ለይ ጉዳዩ የሚመለከተው ኃላፊ እርምጃ ስለመውሰዱ፤
- (ከ) ኮሚቴው ክትትል በሚያደርግባቸው ሴክተሮች የሚከውኑ መሠረታዊ የልማት ሥራዎች ወይም ፕሮጀክቶች በፍጥነት፤ በብቃት፤ አኮኖሚያዊ እና ውጤታማ በሆነ መንገድ እየተፈጸመ መሆኑን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የመፍትሄ ሐሳብ ያቀርባል።
- 25) አንቀፅ 54 ንዑስ አንቀፅ 4 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል።
- 54(4)'ኮሚቴው የሚከተሉትን አካላት ዕቅድና የሥራ አፈፃፀም ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ይመረምራል።

 - (ሀ) ጤና ቢሮ፤
 - (ለ) ጎምህርት ቢሮ፤
 - (ሐ) ባህልና ቱሪዝም ቢሮ፤
 - (መ) ኮሙኒኬሽን ቢሮ፤
 - (ሠ) የሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ቢሮ፤
 - (ረ) ሴቶችና ህፃናት ጉዳይ ቢሮ፤
 - (ሰ) ወጣቶችና ስፖርት ቢሮ፤
 - (ሸ) ቱሪዝም ኮሚሽን፤
 - (ቀ) ኦሮሞ ምርምር አንስቲትዩት፤
 - (በ) ኦሮሚያ ብሮድካስቲንግ ኔትዎርክ፤
 - (ተ) ኦሮሞ ባህል ማፅከል።

- 26) አንቀፅ 56 እና 57 ተሰርዞ የሚከተሉት አንቀጾች ተጠጋግተው የሚከተሉት ይሆናሉ።
- 27) አንቀፅ 55 ተሰርዞ በሚከተለው ተተክቷል።
- 55' በዚህ አዋጅ አንቀፅ 50-54 የተደነገገ ቢኖርም የሥራው ሁኔታ የሚጠይቅ ከሆነ ማንኛውም ኮሚቴ የማንኛውንም የመንግስት አካል የሥራ አፈፃፀም መመርመር ይችላል።

- (o) Ensuring public assets are well implemented according to the laws and procedures and taking measurement against the internal and external audit result by the concerned leader.
- (p) Follow up, control and give recommendation on basic development activities or projects done by sectors followed by that committee that they are performed in a speed, competent, economical and efficient manner.
- 25) Article 54 sub article 4 is repealed and replaced as follow.
- 54(4)'The committee shall follow up, control and examine the plan and work report of the following bodies:

 - (a) Health Bureau;
 - (b) Education Bureau;
 - (c) Cultural and Tourism Bureau
 - (d) Communication Bureau;
 - (e) Labor and Social Affairs Bureau;
 - (f) Women and Children's Affairs Bureau;
 - (g) Youth and Sport Bureau
 - (h) Tourism Commission;
 - (i) Oromo Research Institute;
 - (j) Oromia Broadcasting Network;
 - (k) Oromo Cultural Center.

- 26) Article 56 and 57 repealed and the subsequent articles read rearranged as follow:
- 27) Article 55 is repealed and replaced as follows:
- 55' Notwithstanding to the provisions of this proclamation Article 50-54, if necessary any committee shall examine the performance of any Government body.

- 28) Keewwata 58titti aanee Keewwanni haaraa akka armaan gadiitti kan dabalamee yoo ta'u, keewwattoonni itti aanan waljallaa siiqanii kan dubbifaman ta'a.
- 59' Gurmaa'insa Miseensota Caffee Sadarkaa Naannoo Filannoo
 - 1) Miseensonni Caffee ummata isaan filateetti dhiyaachuun yaada, gaaffii fi komii ummanni qabu dhaggeeffachuun sadarkaan fala akka argatu taasisuu fi hojiiilee gurguddoo Mootummaan raawwataman ummata biraan gahuuf gurmaa'insa sadarkaa Naannoo Filannootti kan qabaatan ta'a.
 - 2) Haalli gurmaa'insaa fi hojii, sirni hordoffii, deeggarsaa fi gabaasaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3. **Seerota Raawwatiinsa Hin Qabanne**
Labsiin, Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hinqabaatan.
- 4. **Yeroo Labsichi Hojii Irra Itti Oolu**
Labsiin kun guyyaa Caffeen ragga'e irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Finfinnee,
Fulbaana 15 Bara 2014
Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

- 28) ከአንቀጽ 58 ቀጥሎ አዳዲስ አንቀጾች እንደሚከተለው የተጨመረ ሲሆን ቀጥለው ያሉ አንቀጾች ተሸጋሽገው የሚነበቡ ይሆናል።
- 59' የጨፌ አባላት አደረጃጀት በምርጫ ክልል ደረጃ
 - 1) የጨፌ አባላት የመረጧቸውን ሕዝብ በመቅረብ ያላቸውን ሐሳብ፣ ጥያቄ እና ቅሬታ በመስማት በየደረጃው መፍትሔ እንዲያገኙ በማድረግና በመንግስት የሚከናወኑ አንኳር ሥራዎች ለሕዝብ በማድረስ በምርጫ ክልል ደረጃ አደረጃጀት የሚኖራቸው ይሆናል።
 - 2) የአደረጃጀት ሁኔታ፣ የክትትል እና የቁጥጥር ሥራ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 3. **ተፈጻሚነት ስለሌላቸው ሕጎች**
ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረን ማንኛውም አዋጅ፣ ደንብ፣ መመሪያና ልማዳዊ አሰራር በዚህ አዋጅ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።
- 4. **አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ**
ይህ አዋጅ በጨፌ ከፀደቀበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ
መስከረም 15 ቀን 2014 ዓ.ም
ሽመልስ አብዲሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት

- 28) Next to Article 58 the following new articles are added and the subsequent articles shall be read as being rearranged by moving away from each other.
- 59' 'Caffee' members Organization at constituency level.
 - 1) The members of the 'Caffee' will be organized at the constituency level by approaching the people they have elected, listening to their opinions, questions and grievances, resolving issues at all levels, and disseminating key government activities to the public.
 - 2) Organizational structure, monitoring and supervision duty will be determined by the regulation to be issued.
- 3. **Inapplicable Laws**
Any Proclamation, Regulation, Directive and customary practices contradict with this proclamation shall not be applicable on the matters covered under this proclamation.
- 4. **Effective Date**
This proclamation shall come in to force from the date of its approval by the 'Caffee'.

Finfinne,
September 25, 2021
Shimelis Abdissa
President of Oromia Regional State